Boqotuu Jaal Obsaa Bareentoo Roobaa Ilaalchisee Ibsa Gaddaa Adda Bilisummaa Oromoo. Fuulbana 10, 2020.

Jaal Obsaa Bareentoo Roobaa miseensa Gumii Sabaa ABO fi bakka bu'a dhaaba ABO konyaa biyya Yaman guyyaa Jimaataa baatii Fuulbana 4 bara 2020 waaree booda boqotee jira. Kanaaf, ABOn gadda isatti dhaga'ame ibsa.

Jaal Obsaan nama umuriin 39 ture. Kan dhatate abbaa isaa Obbo Bareentoo Roobaa fi haadha isaa aaddee Zaahiraa Sheek Xaahir Umar irraa bara 1981 baha Oromiyaa, Harargee Bahaa, ona Obborraa ture. Barumsaa sadarkaa lammaaffaa onuma Obborraa magaalaa Dadaritti xumurate. Jaal Obsaan qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti yeroo dheeraadhaaf dirqama adda addaa irratti guumaata olaanaa nama of qusannoo malee kennaa turee dha.

Jaal Obsaan abbaa ijoollee sadii, dhiira lamaa fi durba tokkoo, haadha warraa isaa aaddee Feeyruzaa Mahammad waliin godhatan. Sirni awwaalacha Jaal Obsaa kan geggeeffamu guyyaa Sabtii/Sanbata Fulbaana 5 bara 2020 magaalaa Sanaa taha.

Boqotuu Jaal Obsaa illaachisee maatii, fira, hiriyaa fi jaallan isaa maraaf jajjabina hawwina. Jaala keenya Rabbi jannataan haa qananiisu jenna. ABOn gaddaa isattii dhaga'ame ibsa kanaan wal-qabsiise ibsata. Qabsaawaan ni kufa, qabsoon itti fufa!

Oromiyaan ni bilisomti!
Adda Bilisummaa Oromoo.